MIRGAAFI ITTI GAAFATAMUMMAAWWAN

HOJJATAA WIC: Fuula kana afaaniin keessa deebii'i.

MIRGOONNI KIYYA

- **Nyaanniwwan WIC:** Ani WIC dhaaf ulaagaa kanan guutuu yoo ta'e, nyaatawwan fayya qabeessa ta'an mana kuusaatii ittiin bitachuuf Kaardii WIC argachuun nan danda'a. WICn nyaata ykn sooratan ani barbaadu hunda ji'a guutuuf naaf kennuu akka hindadeenye nan hubadha.
- **Odeeffannoo Sirna Nyaata:** Ani sirna nyaataa irratti mata dureewwan fedhii koo hawwatuu argachuu nandanda'a.
- **Gargaarsa Harma Hoosiisuu:** WICn harma hoosiisuun gargaarsaafi deeggarsa naaf gochuu ni danda'a.
- **Odeeffannoo Haala Kunuunsa Fayyaa fi Wal harkaa Fudhiinsa:** WICn akkaataa talaallii fayyaa, akkan dooktara fi tajaajiloota biraa barbaadu akkan itti argachuu danda'uu na gargaara.
- **Amala Gaarii Beekamaa:** Hojjettoonni WIC fi mana kuusaa haala gaarii fi walqixa ta'een amala gaarii fi ulfiinaan kan na keessummeessu.
- **Qabiinsa Gaarii:** Seerriiwwanis garaa garummaa haala sanyii, bifa, biyya irraa dhufame, saala, miidhama qaamaa ykn umurii tokko malee hundaafu kan walfakkaatuudha.
- **Dhagahamuu haqa qabeessa ta'e:** Waa'ee murtee WICn ulaagaa guutuu kiyyarratti dabaseen kanan mormii qabu yoo ta'e akka haala haqa qabeessa ta'een dhaggeeffatamu gaafachuu nan danda'a.
- **Odeeffannoo Dabarsuu:** Gara kiliinika WIC biraatti darbuu nan danda'a. Hojjetoota WIC haala gara biraatti darbuu irratti oddeeffannoo gaafachuu nan danda'a.
- **Kophuummaa:** Odeeffannoon kiyya kan dhunfaati. Yoo kiliinikichaan barreeffamaan ibsame malee, WICn odeeffannoo kiyya kan itti fayyadamu haala keenniissa tajaajila WIC qofaaf.

WALIIGALTEE

WIC irra jirachuuf ani qabixiilee kanaan waliigaluun qadaadha.

- Hojjeettoonni WIC waa'ee Mirgootaafi Ittigaafatamummaa kiyyaa fi Dambiiwwan Sagantaa WIC natti himaniiru.
- Odeeffannoon ani WIC f kenne hundi dhugaadha. Jijjiiramni kamiyyuu yoo jiraate battalumatti hojjeettoota WIC ttiin hima.
- Hojjettoonni WIC maddawwan galiin maatii kiyyaa dabalatee hanga baayyiina maatii kiyyaatii odeeffannoo kiyya qulquulleeffachuu ni danda'u.
- Nyaata WIC argachuuf jecha kanan soobe ykn dhugaa jiru kana dhokse yoo ta'e, WICf gatii hangan nyaatawwan argadhee sana kanfaluufiin qaba.
- WICn sagantaa deeggarsaa fedaraalaati. Danbiiwwan WIC kan cabse yoo ta'e:
  - Hojjettoonni WIC maatii kiyya sagantaa WIC keessaa akka bahan taasisu danda'u.
  - Anis seera naannoo fi fedaraalaatiin seera yakkaatiin ykn sivilitiin kanan itti gaafatamu ta'a.
- Danbiiwwan WIC cabsuu qorannoon kan anarratti gaggeeffamu ta'e, WIC waa'ee odeeffannoo kiyya kennu danda'a.

Karaa eleekitirooniikaatiin, mallatteessuun waliigaleera:

- **Waliigalteefi seera guca kana irra jiran kana dubbisee, hubachuun ittiin waliigaleera.**
- **Garagalcha guca kanaa fudhadheera.**

Mallattoo hirmaataa/Maatii guddisu/kunuunsiitoota Guyyaa

Maqaa hirmaataa(tootaa): Kan dhumaa, Kan jalqabaa

Hojjattoota Kiliinikaa: Yeroo barbaachisaa ta'e qofatti kan hirmaataa/ maatii guddisuu/kunuunsiitoota guca waraqaa irratti mallatteessuu kan qaban, fakkeenyaaf sababa kompiitaraatiin ykn dhabamuu ibsaatiin.

Dhaabbanni kun carraa wal qixa ta'e kan kennuu dha.
Washington WIC (Dubartoota, Daa'immanii fi Ijoolleedhaf kan Washington) loogii hin taasisu.
WIC argachuun koluu galtummaa irratti dhiibbaa hin qabaatu.

ITTI GAAFATAMUUMMAAWWAN KIYYA:

- Kaardii WIC kiyya sirriittiin itti fayyadama. Mana kuusaa fi nyaatawwan WICn mirkaneeffaman filachuuf Kaardii WIC tti fayyadamuuf qajeelfama itti fayyadama isaan hordofa.
- Nyaatawwanii fi soorata WIC namoota WIC keessa jiraniif qofaan itti fayyadama. Nyaataafi sooratan itti hinfayyadamne kiliiniika WIC tti deebisa.
- Kaardiin WIC yoo bade, yoo hatamee ykn hojiidhaa ala yoo ta'e battalumattiin hojjettoota WIC tti gabaasan taasisa.
- Kaardiifi Lakkoofsa Iccitii (PIN) isaa sirriittiin eeggadha. Namniin ani akka kaardii kiyyatti akka ittifayyadamuuf bakka buufadhe kan seera WIC beekuu ta'u isaa nan mirkaneeffadha.
- Hojjeettoota WIC fi mana kuusaa kabajaa fi amala gaariinan keessummeessa.
- Dhaquu kan hindandeenyee yoo ta'e, kilinikii WIC tti beelamawwan eeggadha ykn nan bilbilaaf. Yoon beelamawwan kiyya eeguu baadhe ammoo hanga nyaata WIC irraa fudhadhuu san irratti dhiibbaa fiduu danda'a.

SEERAWWAN SAGANTAA WIC

Seera kanneen kan hin hordofne yoo ta'e, maatii kiyya WIC keessaa baafamuu ykn gatii nyaataan WIC irraa fudhadhee sagantichaaf kanfaluun qaba.

- WIC dhaaf odeeffannoo dhugaa fi guutuu keenni. Kunis odeeffannoon eenyuummaa, sadarkaa ulfaa, teessoo, baayyina maatii, galii maatii fi Medicaid (ProviderOne) Supplmental Nutrition Assistance Program (SNAP, Sagantaa Nyaata Dabalataa tiif), Temporary Assistance to Needy Families (TANF, Maatii Barbaachisuuf Gargaarsa Yeroo) ykn Food Distribution Program on Indian Reservations (FDPIR, Sagantaa Nyaata hiruu kan Bakka Qusannaa biyya Hindiitii irra) tiif ulaagaa guutuu hammata.
- Nyaata ykn soorata WIC, akkasumas Kaardii WIC kee gonkuma hingurguuriin ykn gurguruuf hinyaalle, hindaldaliin ykn kennuuf hin yaaliin. Kunis karaa qaamaan. karaa maxansaa, afaaniin, onlaayiinii ykn karaa midiyaa biraatii kan hammatuudha.
- Nyaata WIC baatii baatiidhaan si'iif ramadame qofa kiliiniika WIC tii yeroodhaan fudhadhu.
- Nyaata ykn soorata qaama bu'aa nyaata WIC hintaane kaardii WIC tiin hinbitiin ykn bituuf hinyaaliin.
- Nyaata kaardii WIC tiin biyame, mallaqaaf, liiqaaf, wanta nyaata WIC tii hintaaneef ykn hanga nyaata WIC tiin kennamun ol kan ta'eef jecha hindeebisiin ykn deebiisuu hinyaaliin.
- Hojjettoota kilinikii ykn mana kuusaa hinsodaachisiin ykn qabeenya WIC irraan miidhaa hingeessisiin.

Waa'ee seera cabsuufi qoqqobbii hirmaattoota WIC ilaalchisee odeeffannoo dabalataa yoo barbaadde, Washington Administrative Code (Labsii Seera Bulchiinsa Waashiingitan) Lakkaa 246-790-530 ilaali.
http://apps.leg.wa.gov/WAC/default.aspx?cite=246-790-530

WIC'N WASHINGTON HIN LOOGU

Akkaataa seera mirga siviilii Feedaraalaa fi U.S. Department of Agriculture (USDA, Qajeelcha Qonnaa U.S.) dambiifi imaammata mirgawwan siviilii, eejansiin, waajjiraalee, hijjeettaafi dhaabbiileen sagantaa USDA keessatti hirmaatuu ykn bulchan akka sanyii, bifa, bakka irraa dhufame, saala, miidhama qaama, umurii ykn walitti dhufeenya mirga siviilii kana dura jiru irratti hundaawuudhaan ykn raawwii sagantaa kamiyyuu irra jiru ykn sagantaa qophaayee ykn kan USDAn gargaarsa kamiyyu irratti hundaa'uun loogii gochuun dhorkamaadha.

Namoonni miidhama qaamaa qabaniifif odeeffannoo sagantaa kanaatiif mala gara biraa barbaadan (fkn. Bireelii, maxxansa guguddaa, teephii sagalee, qooqa mallattoo Ameerikaa fi kkf) barbaadan eejansiicha (kan kutaa biyyaa ykn gandaa) quunamuu qabu. Namoonni afaaniin hindubbannee fi gurraan hin dhageenye ykn afaaniin dubbachuu rakkatan, karaa Federal Relay Service (Tajaajila Dabarsu Federaalaatiin) (800) 877-8339 irratti USDA quunnamu ni danda'u. Dabalataanis, odeeffannoon sagantichaa ilaalatu afaan Ingiliiffaatiin alas afaan biraatiin ni keennama.

Loogii narra gaheera jechuun iyyachuuf yoo barbaadde, (USDA Program Discrimination Complaint Form (Guca Iyyannoo Sagantaa USDA), (AD-3027) Akkamiin komee dhiyeeffachuu dandeessa, fi waajjira USDA kamiyyuutti ykn xalaayaa kee teessoo isaa USDA ti barreessuuniif xalayiicha keessatti odeeffannoo guciicha keessatti gaafatu hunda guutuun dhiyeessu qabda. Garagarcha guca iyyannoo gaaffachuuf lakk (866) 632-9992 irratti bilbili. Xalayaa ykn guca iyyannoo kee USDA dhaaf karaa armaan gadiitiin galchuu qabda:

- Imeelii: U.S. Department of Agriculture
  Office of the Assistant Secretary for Civil Rights
  1400 Independence Avenue, SW
  Washington, D.C. 20250-9410;
- Faaksiin: (202) 690-7442 tii; ykn
- Imeelii: program.intake@usda.gov

Washington State Department of Health

DOH 962-987 January 2022 Oromo

Bifa biraatiin dookumentii kana gaafachuudhaaf 1-800-841-1410 tti bilbili. Maamiltoota dhagahuu hin dandeenye yookin dhagahuudhaaf baay'ee rakkattan yoo taatan, maaloo 711 (Washington Relay) irratti bilbilaa yookin WIC@doh.wa.gov imeel godhaa.